Meetii warqiidhaan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, qamadii qamadiin jijjiiruun dhala, hoodhuu fi as kenniin yoo tahe malee, garbuu garbuun jijiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, timira timiraan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee

Maalik bin Aws bin Al-Hadasaan akkana jedhe: akkas jechaatin as garagale: “Eenyutu dirhama jijjiira? Xalhaa bin Ubeydillaah osoo Umar bin Khaxxaab bira jiruu Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu akkas jedhe: Warqii kee nutti agarsiisi mee, ergasii gara keenya koottu, yeroo khaadimni keenya dhufe meetii kee siif kennina, Umar bin Al-Khaxxaab akkana jedhe: Lakki Rabbiin kakadhe, meetii isaa ni kennitaaf ykn warqii isaa ni deebiftaaf; Sababni isaas Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana waan jedhaniif jecha: «Meetii warqiidhaan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, qamadii qamadiin jijjiiruun dhala, hoodhuu fi as kenniin yoo tahe malee, garbuu garbuun jijiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, timira timiraan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Taabi'iin Maalik bin Aws diinaara warqii akka harkaa qabuu fi dirhama meetiitiin jijjiiruu akka barbaade hima. Xalhaa bin Ubeydillaah -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedheen: Diinaara kee nan ilaalaa as kenni! Achiis erga bitachuuf murteessee booda akkana jedheen: Khaadimni keenya yeroo dhufe gara keenya koottu, akka nuti dirhama meetii siif kenninuuf jecha, Umar bin Al-khaxxaab -Rabbiin irraa haa jaallatu- eddoo sana ture, gocha kana ni morme, amma meetii san akka kennuuf, ykn warqii isaa kan isa irraa fudhate san akka deebisuuf Xalhaatti kakate, sababaa sanaas Ergamaan Rabbii -nagaa fi Rahmanni irra haa jiraatu- gurgurtaan meetii fi warqii, ykn faallaa isaa yeroo raawwatamu kallattiin wal harkaa fuudhinsi akka jiraatuu qabu kan eeran tahuu ibse. Yoo kana hin taane ammoo daldalli kun dhala haraamaa fi gurgurtaa cubbuu taha. Warqiin meetiidhaan hin gurguramu, meetiinis warqiin hin gurguramu, harkaaf harkattii yoo raawwatame malee, qamadiin qamadiin, garbuun garbuun, timirri timiraan hin gurguramu, miizaana fi safarrii keessatti yoo wal qixa tahe malee, akkasumas harkatti yoo tahe malee, kana irraa wanti ammaa waan boodatti hin gurguramu, osoo wal harkaa hin fuunes gargar bahuun hin danda'amu.